Bibliani Ijoolee

Jala qabata Laalala Nama Isaani d'uftini



Nami t'aafe: Edward Hughes

Ka choore: Byron Unger; Lazarus Alastair Paterson

Ka afaani deebise: Christian Lingua Translation Agency Christianlingua.com

Ka gadi deebise: M. Maillot; Tammy S.

Odu 2 ta 60 keessa

www.M1914.org

Bible for Children, *PO Box 3, Winnipeg, MB R3C 2G1 Canada*

Lesana: Atini d'uga odu tana irra baafatteni yokhaani gadini baafattu hinqabda ammo hingurgurini.

Borana





"Isani aka Waaqi taatani." Hawaini mid'aani mukha suni kajeelte. Isini boofa d'ageette mid'aani suni nyaatte.

3

Eegi Hawaini Waaqa salfachu didde isini Adamulle akka inni mid'aani suni nyaatu tolchite. Adamuni sila, "Hiyyo, anin Waaqaa salfachu hindiidu," jechuu male.

4



Eegi Adumuufi Hawaini ch'ubbu hojjatte, worri lachu akka qulla jiru ufi beekhe. Baala mukha odaa hodd'aatani akka woya nagatani ammalle raasa keessatti fuula Waaqa dura d'okatani.

5



Qabaanna galgala gula Waaqi gara obruu d'ufe. Inni waan Adamuufi Hawaini tahani himbeekha. Adamuni Hawai halite. Hawaini bofa halatte. Waaqa waan jed'e, "Bofi ya abaarame. Nitini laalani ilmaani d'aalti. "Adamu, marro atini ch'ubbu hojjatteefi, laaftilleni ya qoraatiifi mogorreni abaaramte. Atini huji hojjatte damfite sagale guyya ch'ufa argatta."

6



Waaqi Adamuufi Hawai obru dansa taani keessa guusse. Marro worri ch'ubbu hojjateefi, worri Waaqa jireenna nama keennuni gargari bahani. Waaqi sheefti ibidda baaftu tokkoni worra aalatti d'owwe. Waaqa gaad'a goga horii Adamufi Hawai mid'aasse. Waaqi goga suni essa fuud'e?

7



Eegi suni, maatini Adamufi Hawai d'alaatte. Ilmi worra ka qara, Kainini, nama obru qotu. Ilmi worra ka laammessoo, Abelini, nama hori tissu. Guyya tokko Kainini waan obruni baaftu akka sorio Waaqa baase. Abelni hooliyye isa keessa mimmidd'addu file akka sorio Waaqaa baase. Waaqi sorio Abeli irra gammade.

8

Waaqi sorio Kaini irra hingammanne. Kainini guddo dallanne. Ammo Waaqi waan jed'eni, "Yo atini sila waan dansa tolchite, wonti sirra hinfud'annefi hinjirti?"

9

Dalansuni Kaini irra himbanne. Eegi gise gabaabdu diida keessaatti inni Abeli d'aane -isa ijjese.



10

Waaqi Kainini dubbaate. "Obboleessi ke, Abelini me?" "Anini himbeekhu," jed'e Kainini d'ara dubbate. "Natti oboleessa kiyya tissa?" Waaqi Kaini kara beekha lafani qotani irra fuud'e nama lafa maaru tolcheni adaaba itti buuse.

11

Kainini fuula Waaqa dura deeme. Inni intala Adamufi Hawai fuud'e. Worri maati wolini horate. Hojjuma, akhakhowaaniifi abaabowaani Kaini diira worri yayyabe kaani guute.



12

Marruma suni, worri Adamufi Hawai harifate guddaate. Bara suni, nami haga bara kana irra ganna gudda taa.



13

Gaafa ilmi isii ka Seti jed'aani d'alaate, Hawaini waan jette, "Waaqi Seti ka fula Abeli na buhu na keenne." Setini nama Waaqa sodaate ganna 912 tae ilmani heddulle d'ale.

14

Jala qabata Laalala Nama

Odu tokko ta Dubbi Waaqa, Bibliaa,

Fula keessatti argani

Uumana 3-6

"Fuloni Dubbi teeti ibse keenniti."
Faaru 119:130

Waaqi akka nu waan hamtu hojjanne himbeekha, ta inni ch'ubbu jed'uuni. Gatini daba duisa.

Waaqi guddo si jaalata Inni Ilma Isa erge, akka inni Maskali irraatti due gati teenna baasu. Yeso akka jiraataa d'ufe Gubbaattiitti gale. Ammantana Waaqi dandae ch'ubbu teenna nuu araarama.

Yo atini ch'ubbu tante irra deebite, waan kana Waaqani jed'i: Waaqa kiyya, Anini hind'ugefadd'a Yesoni marro tiyyaafi due ammalle arralle hinjira. Si kad'ad'a jireenna kiyyaatti d'iadd'i ch'ubbu tiyya na araarami, akka anini jireenna haraa ammantana argadd'e, duuba haga jiru jireenna si wolini jiradd'u. Akka anini akka Ilma kankeeti si jiraadd'u na dandeessisi. Amin

Biblia soomi Waaqani wolini hasai guyya ch'ufa!